# AKKAMITTI HOJIIN DALDALAA MINNESOTA KEESSATTI AKKA EEGALAMU

Minnesota keessatti daldala jalqabuun tarkaanfiiwwan bu'uuraa sadii of keessaa qaba:

1. Karoora daldalaa barreessuu.
2. Gosa daldalaa filachuu.
3. Daldala keessan galmeessuu.

Tarkaanfiiwwan kunniin bal'inaan armaan gaditti ibsamaniiru.  Yeroo daldala haaraa ykn dhaabbata bu'aaf hin hojjenne jalqabnu murtoowwan barbaachisoo ta'an hedduutu jiru.  Ibsi armaan gadii adeemsa kana keessatti si gargaaruuf kan qophaa'edha.

*Hidhi fuula biroo kan kennamu maamiltoota keenyaaf akka mijatu qofaafi.  Waajjirri Ministeera Dhimma Alaa qabiyyee marsariitii alaa kamiyyuu sirrii ta'uu ykn kan sanaaf malu ta'uu  isaatiif wabii hin kennu.*

Tarkaanfii 1: Karoora Daldalaa Barreessuu.

Sadarkaa karoora jalqabbii daldala ykn dhaabbata bu'aaf hin hojjennee jalqabuuf kan isin gargaaru qabeenyi hedduun jira.  Asirratti adeemsa http://mn.gov/deed/business/starting- kanaan   daldala gochuu dandeessu.

Tarkaanfii 2: Gosa daldalaa filadhu.

Daldalawwan Minnesota keessatti argaman waliigalaa gabaabsee kan ibsu kunooti https://www.sos.state.mn.us/business-liens/start-a-business/types-of-minnesota-businesses/. Gosa daldalaa murteessuu keessan dura abbaa seeraa, ogeessa herregaa, ykn qabeenya armaan olitti tarreeffaman keessaa tokko mariisisuun barbaachisaa ta'a.

Tarkaanfii 3: Daldala keessan marsariitii kana irratti, qaamaan ykn poostaadhaan galmeessaa (faayila qabachiisaa).  Akkaataa daldala keessan itti Galmeessitaniif odeeffannoo dabalataa armaan gadii ilaalaa.

Qaamaan ykn poostaadhaan galmaa'uuf sanada barbaachisu guutaa.  Unka galmee waliigalaa kan guutamu kana ilaalaa: https://www.sos.state.mn.us/business-liens/business-forms-fees/general-business-filing-forms/

*HUBACHIISA: Galmeen daldalaa keessan waajjira keenya keessatti lakkoofsa eenyummaa gibiraa isiniif HIN KENNU.*

Lakkoofsa enyummaa gibiraa naannoo argachuuf
**http://www.revenue.state.mn.us/Pages/default.aspx** qunnamaa.
Lakkoofsa eenyummaa Gibira Federaalaa argachuuf gara IRS deemaa.

Gosoonni hayyamaa fi inshuraansii biroo daldala keessaniif isin barbaachisan jiraachuu hin oolan. Odeeffannoo dabalataaf kutaa Odeeffannoo Daldalaa ilaali.

# Akkaataa daldala keessan itti galmeessitan

Daldala keessan galmeessuun dura caasaa daldala keessanii (Daldala dhuunfaa, Kan Gamtaa, fi kkf) murteessuu qabdu.  Odeeffannoo dabalataaf kutaa Akkaataa Daldala Jalqabuu armaan olii ilaalaa.

Tarkaanfii 1: Akkaawuntii sarara kallattii nu waliin uumuun akkaawuntii toora kallattii jiru https://mblsportal.sos.state.mn.us/Account/Register seenuu.

Tarkaanfii 2: Fuula **https://mblsportal.sos.state.mn.us/Business/Search** Jedhutti seenun gosa dhaabbata daldalaa daldala keessaniif barbaaddan irratti cuqaasaa.

Tarkaanfii 3: Gaaffiiwwan waa'ee haala bu'aaf hin hojjenneefi sadarkaa ogummaa irratti dhiyaatan deebisaa.

Tarkaanfii 4: Maqaan daldala keessaniif barbaaddan akka jiru mirkaneessaa.  Kana gochuuf, maqaa yaadame sanduuqa barbaacha keessatti barreessi.  HUBACHIISA: xumura qaama (LLC, Corporation, fi kkf) dhuma irratti barreessuu hin barbaachisu, akkaataa itti fufiin akkaagarsiifamu barbaaddan filachuuf sajoo gadi bu'aa fayyadamaa.

- Jechoonni “Baankii” ykn “Amanaan” jedhaman karaa dhaabbata faayinaansii hin argisiisneen yoo itti dhimma ba'aman malee hin hayyamamu.
- Maqaan jecha “Inshuraansii” jedhu of keessaa qabu daldalli kun wabii irratti akka hin bobbaane agarsiisuuf akeektuu “Ejensii”, “Dallaalaa”, “Kaffaltii Dallaalaa” ykn “Tajaajila” ykn akeekkachiistota kana fakkaatan of keessatti qabachuu qaba.
- Baankonni fi dhaabbileen inshuraansii Waajjira Ministira Dhimma Alaatti hin galmeessan. Isaan, Ministeera Daldalaa Minnesotaatti galmeessuun dirqama http://mn.gov/commerce/.

Tarkaanfii 5: Odeeffannoo daldala keessaniif barbaachisu guutaa.

HUBACHIISA: Galmeewwan tokko tokko sanada galmee sanaa pdf dhaan akka sarara kallattii irratti feetan isin gaafachuu danda'a ykn unkichi yoo hin argamne sanada galmee mataa keessanii akka wixineessitan isni gaafachuu danda'a.  Sanada galmee erga guuttanii booda, osoo hin fe'in dura akka faayila pdf tti kompiitara keessan irra olkaa'aa.  Hammi faayilichaa meeggaa baayitii 2 gadi ta'uu akka qabu hubachuun barbaachisaadha.  Maqaan faayilii arfiilee 10 fi isaa gadi ta'uu fi mallattoo addaan kutuu, iddoowwan ykn arfii addaa kan hin qabne ta'uu qaba.  Yoo unkaan PDF gosa galmee keetii hin argamne, sanada kallattiin bifa pdf galmeessuuf uumte olkaa'uu dandeessa.  Hubadhaa maqaan barreeffame unka jalatti, bakka barame mallattoodhaaf, ulaagaa seeraa mallattoodhaaf barbaachisu guuta.

Tarkaanfii 6: Adeemsa kana yeroo xumurtan isa guuttan akka irra deebitanii ilaaluudhaaf carraa ni argattu. Erga galmee sana irra deebitanii ilaaltanii booda “Submit” kan jedhu cuqaasuu dandeessu. Sana booda Lakkoofsa Ajaja galmee keessaniif adda ta’e ni argattu. **Itti fufuu dura Tartiiba Lakkoofsaa galmeessaa**. Sana booda “Continue to Make Payment” kan jedhu cuqaasaa.

Fuula Baankii Ameerikaa irratti erga argamtanii booda Baankii Ameerikaa keessatti herrega tajaajila elektirooniksii hundeessuuf filannoo ni qabaattu. Herreega tajaajila elektirooniksii Baankii Ameerikaa odeeffannoo kaardii liqii keessanii daldala gara fuula duraatiif ni kuusa.

Galmee tajaajila elektirooniksii Baankii Ameerikaa "pay without registering" jedhu cuqaasuun bira darbuu dandeessu. Kunis kaffaltii yeroo tokkoo kaardii liqii keessaniin akka adeemsiftan isin dandeessisa.

Tarkaanfii 7: Kaffaltii erga xumurtanii booda fuula mirkaneessaa lakkoofsa mirkaneessa kaffaltii waliin isiniif dhufa. **Fuula mirkaneessaa maxxansaa ykn Lakkoofsa Mirkaneessaa keessan waraqaadhaan baasaa(prin**t). Yeroo galmeen adeemsifamu waajjira keenya irraa imeelii akkasumas kaffaltii kanaaf imeelii Baankii Ameerikaa irraa ni argattu.

Tarkaanfii 8: Yeroo imeelii waajjira keenya irraa galmeen sun adeemsifame jedhee isiniif dhufu imaalii sana bantanii hidha gara marsariitii keenyaatti isin geessuu cuqaasuudhaan galagalcha isa guuttanii buufachuu dandeessu.

**HUBACHIISA:** Kan isin guuttan hundinuu Seenaa Dabarsaa keessan keessatti guyyoota 90f ni tursiifamu. Seenaan Dabarsaa kan argamu akkaawuntii toora kallattii keessan marsariitii keenya irratti seenuudhaan sana booda Seenaa Daldalaa cuqaasuun ni danda’ama. Takkaa fuula Seenaa irratti erga argamtanii booda toora lakkoofsaa mirgaa irratti yoo cuqaastan galmee sana buufachuuf filannoo isiniif kenna.

# Akkaataa galmee daldalaa keessanii haaromsitan ykn fooyyessuu dandeessan

**HUBACHIISA: Abbotiin qabeenyaa dhaabbilee itti gaafatamummaan isaa daangeffame bara 2015 duraa Minnesota keessa jiran: Jijjiiramni seeraa dhufu daldala keessan irratti dhiibbaa qaba.Ballina isaaf https://www.sos.state.mn.us/business-liens/business-help/upcoming-llc-law-change/ Ilaalaa.**

Haaromsa Eeyyama Daldalaa kan Waggaa:

Yoogalmee Ragaa Maqaa Yaadame, Dhaabbata Daldalaa Minnesota, Dhaabbata Daldalaa Biyya Alaa, ykn Dhaabbata Bu’aaf Hin Hojjenne, ykn Waldaa Hojii Gamtaa, Waldaa Itti Gaafatamummaan isaa Daangeffame ykn Waldaa Waldaa Daangeffame yoo galchitan, waggaatti lakkooftuu baraa hunda al tokko irraa eegalee, haaromsa waggaa galmeessuun dirqama bara lakkooftuu baraa galmee jalqabaa Ministira Dhimma Alaatti galmeessite hordofee keessatti. Yoo haaromsa waggaa kee galmeessuu dadhabdan dhaabbanni kee “seeraan ni diigama” (kana booda Minnesota keessatti akka jirutti beekamtii hin argatu). Dhaabbanni kee seeraan kan diigame yoo

ta’e, bara hojii kanaaf haaromsa galmeessuun kaffaltii kaffaluun duubatti deebi’ee akka deebi’u gochuu dandeessa (hanga maqaan sun ammallee jirutti).

Waajjirri Ministira Dhimma Alaa Minnesota jalqabbii haaraa lammiilee Minnesotaa fi hawaasa daldalaa kutaa biyyattii haala gaariin tajaajiluuf kaayyeffate **“Minnesota Business Snapshot”** jedhamu jalqabeera.  Qorannoon kun kan tola ooltummaa, gaaffii saffisaa shan kan qabu yoo ta’u, amma gara 550,000tti kan dhiyaatu dhaabbilee daldalaa haaraa fi buleeyyii Minnesota keessatti yeroo isaan haaromsa waggaa isaanii galmeessuuf dhuan kennameeraaf.  Deebiin akka odeeffannoo ummataatti kan ilaalamu yoo ta’u, hirmaachuu dhiisuu yoo filattan adabbii hin qabu.

Qorannoon kun abbootii qabeenyaa daldalaa dhuunfaa, dhaabbilee daldalaa, dhaabbilee bu’aaf hin hojjennee, fi qorattoota guutuu bulchiinsa naannoo irraa dhufan kanneen kana akka carraa guddaatti ilaalan dhaabbileen daldalaa michuu ta’uu danda’an adda baasuuf salphaa fi mijataa taasisuudhaan, akkasumas  dhaabbilee mootummaa fi barnootaa hawaasa daldalaa mootummaa caalaatti hubachuuf akka galteetti cimmifamee olkaa’ama.  Akka hirmaattan abdii qabna.

Galmee Fooyya'iinsa Daldalaa:

Fooyya’iinsi (jijjiiramni) galmeewwan Daldalaa irratti yoo hayyamame seera isaan jalatti bulfamaniin taasifamuu ni danda’a.  Seerota daldalaa fuula marsariitii Waajjira Fooyya’aa Seerotaa irratti ilaaluu dandeessu https://www.revisor.mn.gov/index.php Waajjirri Ministira Dhimma Alaa Minnesota haala hundaaf unka waliigalaa hin qabu garuu baay’een isaanii kan keenya  fuula unkaalee maxxanfamuu danda’an https://www.sos.state.mn.us/business-liens/business-forms-fees/ irratti argamu.

Galmeewwan Fooyya'iinsaa hedduun toora interneetii https://mblsportal.sos.state.mn.us/Business/Search irratti galmeessuun ni danda’ama.  Galmeen Fooyya’iinsaa hundi poostaadhaan, ykn kaawuntarii maamiltoota keenyaa irratti galmaa'uu danda'a.

Akkaataa Haaromsa ykn Fooyya'iinsa Waggaa Keessan Toora Kallattii  Irratti Galmeessitan:

Tarkaanfii 1: Akkaawuntii toora kallattii nu waliin uumuun akkaawuntii kallattii achirra jiru tokkotti kanaan  https://mblsportal.sos.state.mn.us/Account/Register seenaa.

Tarkaanfii 2: Gara Galmee Toora Kallattiin Barbaaduu https://mblsportal.sos.state.mn.us/Business/Search jedhutti seenuun maqaa ykn lakkoofsa faayilii isaatiin daldala keessan barbaadaa.

- Yoo qaamni sun kan hin sochoone ta'e dhaabbaticha argachuuf haala galmee barbaachaa “Active” irraa gara “Inactive” tti jijjiiruu isin barbaachisa.
- Yoo dhaabbatichi sochii hin taane fooyya'iinsi dhiyaachuu isaa dura dhaabbaticha deebisuu isin barbaachisa.

Tarkaanfii 3: Bu’aalee Barbaaduu  irraa maqaa daldalaa keessanii cinatti “Details” kan jedhu cuqaasaa.

Tarkaanfii 4: Fuula Galmee Daldalaa Ballinaan jedhu irraa “File Amendment/Renewal” kan jedhu cuqaasaa.

Tarkaanfii 5: Tarree Fooyya'iinsa-Galmeedhaaf Argamu keessaa Fooyya'iinsa ykn Haaromsa keessan filadhaa. Gosoonni fooyya'iinsaa hundi toora kallattii irratti adeemsifamuuf dhiisuu malu..

- “Online Filings”(Galmee Toora kallattii) n galmee yeroo qabatamaa yoo ta'u, odeeffannoo isin kennitan irraa galmee ni uuma.
- “Express Filings”(Galmee Ibsuu) n pdf galmee sanaa olkaa'uu isin barbaachisa. Unka PDF filadhaa. Guutaatii kompiwuutra keessan irra olkaa’aa, osoo hin fe’in dura jechuudha. Hammi faayilii meeggaa baayitii 2 gadi ta'uu akka qabu hubachuun barbaachisaadha. Maqaan faayilii arfiilee 10 fi isaa gadi ta'uu fi sirna tuqaalee, bakka duwwaa ykn arfii addaa kan hin qabne ta'uu qaba. Yoo unkaan PDF gosa galmee keessanii hin argamne, sanada kallattiin bifa pdf galmeessuuf uumtan olkaa'uu dandeessu. Maaloo maqaan barreeffame unkicha miiljalatti, bakka mallatteessuu baramaa ta’etti, ulaagaa seeraa mallattoodhaaf barbaachisu kan guutu barreeffamee akka jiru huubadhaa.

Tarkaanfii 6: Odeeffannoo barbaachisu guutaa fi/ykn unka fooyya'iinsaa keessan fe’aa.

Tarkaanfii 7: Galmee irra deebi'ii ilaalaa, sana booda “Submit” cuqaasaa. Sana booda Toora Lakkoofsa galmee keessaniif addaan ba’e ni argattu. Itti fufuu dura Lakkoofsa Ajaja galmeessi. Sana booda “Continue to Make Payment”(Kaffaluuf Itti Fufaa) kan jedhu cuqaasaa. Fuula Baankii Ameerikaa irratti erga argamtanii booda Baankii Ameerikaa keessatti herrega tajaajila elektirooniksii hundeessuuf filannoo ni qabaattu. Herreega tajaajila elektirooniksii Baankii Ameerikaa odeeffannoo kaardii liqii keessanii daldala gara fuula duraatiif ni kuusa.

Galmee tajaajila elektirooniksii Baankii Ameerikaa "pay without registering"(Galmee malee kaffali) jedhu cuqaasuun bira darbuu dandeessu. Kunis kaffaltii yeroo tokkoo kaardii liqii keessaniin akka adeemsiftan isin dandeessisa.

Tarkaanfii 8: Kaffaltii erga xumurtanii booda fuulli mirkaneessaa lakkoofsa mirkaneessa kaffaltii waliin isiniif dhufa. Fuula mirkaneessaa maxxansaa waraqaadhaan baasaa ykn Lakkoofsa Mirkaneessaa galmeessaa. Yeroo galmeen adeemsifamu waajjira keenya irraa imeelii akkasumas kaffaltii kanaaf email Baankii US irraa ni argattu.

Tarkaanfii 9: Yeroo imeelii waajjira keenya irraa galmeen sun adeemsifame jedhu isin dhuftan imeelii sana banachuu dandeessu hidha cuqaasuu dandeessan kan gara marsariitii keenyaatti isin geessuu fi galagalcha galmee sanaa buufachuu dandeessan ni jiraata. **Hidhi kun guyyoota 90 qofaaf hojiirra oola.**

**HUBACHIISA:** Galmeewwan hundinuu Seenaa Dabarsaa keessatti guyyoota 90f ni tursiifamu. Seenaan Daldalaa kan argamu akkaawuntii toora kallattii keessan marsariitii keenya irratti seenuudhaan sana booda Seenaa Daldalaa cuqaasuun ni danda’ama. Fuula Seenaa irratti erga argamtanii booda lakkoofsa ajaja mirgaa irratti cuqaasuun filannoo galmee sana buufachuuf isiniif kenna.

Qajeelfama Galmee Toora Kallattii Galmee unka pdf waliin

- Hidha unka PDF guutamuu danda'u irratti cuqaasaa.
- Odeeffannoo unka irratti argamu banaatii guutaa.
- Erga xumurtanii booda kompiiwutara keessan irra olkaa’aa.
- Unka cufi, “File” (dokimentii) irratti cuqaasuun “Close” (Cufi) kan jedhu kan gadi bu'u irraa filadhaa.
- Amma adeemsa galmee xumuruuf unka keessan olkaa'uu qabda.

Qajeelfama Galmee Sanada pdf Olkaa'uuf

- PDF unka galmee PDF amma uumte “Upload file”(dokimentii fe’i) kan jedhu cuqaasuun fe’i.
- Odeeffannoo barbaachisu galchiiti “continue” (Itti fufi) cuqaasuun odeeffannoo galmee kee ilaali.
- Odeeffannoo kennite ilaaliitii “Submit Filing” cuqaasi.
- Yoo galmeen keessan kaffaltii barbaade “Continue to Make Payment” (Kaffaltii Itti Fufi) cuqaasaa.
- Adeemsi galmee erga xumuramee booda (fi kaffaltiin kee erga mirkanaa'ee booda, yoo kaffaltii kaffalte), imeeli galmee kee mirkaneessu isiniif dhufa.